

Ragaa Hojii Yeroo Dabalataa Dhiheesitoota Dhuunfaatiif

Ragaan kun dhiheesittonnii dhunfaa qajeelfamota daangaa hojii torbaanii fi hojii yeroo dabalataa hubachisuuf kan gargaaranidha. Odeffannoo dabalataaf hogganaa/maanaajara dhimmaa abbaa maamilichaa yookiin (ykn) www.dshs.wa.gov/altsa/IPOT daawwadhu.

HOJII YEROO DABALATAA IRRATTI ODEFFANNOO WALIGALAA

1. “Torbeen Hojii” (work week) maali?

Torbeen hojii Dilbata 12:00 a.m. (halkan gidduu) irraa jalqabee Sambata Xiqqaa itti-aanutti 11:59 p.m. kan dhumatudha.

2. Daangaan Hojii Torbee (DHT) Maalii?

Daangaa Hojii Torbee jechuun baay’inna sa’aatii torbee hojii tokkoo kessatti tajaajila itti kennitudha. Seerrii Naannoo Waashingitan 2016 (A 2016 Washington state law) baay’inna sa’aatii dhiheessaan dhuunfaan tokkoo torbee hojii tokkoo kessattii hojjachuu qabu daangessee jira. Dhiheesittonnii dhuunfaa hundinuu daangaa torbee hojii ni qabu. Maamila ykn maamiltoota keetiin si’if kenname fi maamilli ykn maamiltoonii isaaniif hojjattu sa’aatii kanaaf mirga kan qaban yoo ta’e qofa hanga daangaa hojii torbeettii hojjachuu ni malta. Maamilli baay’inna sa’aatii ji’aaf qoratamee karoora wal’aansa (Plan of Care) irratti taa’een oli ramadu dhisuu ni danda’a. Daangaan Hojii Torbee (DHTs) baasii hojii yeroo dabalataa to’achuu gargaaruun fandiichi (baallaqni) namoota tajaajilicha barbaadan hundaaf jiraachuu isaa dhugoomsuudha.

3. Daangaan Hojii Torbee Dhaabbataa (DHTn) Kiyaa Akkamitti Murtaa’a fi DHT Kiyaa Akkamitti Beeka?

Seerrii Naannoo Ebla 2016 kessatti tumame. Dhiheesitoota dhunfaa Amajii 2016 torbaanitti giddu-galeessaan sa’aatii tajaajilaa 40 oliif hojjataniif alatti, serri kun DHT dhiheesitoota dhunfaa hundaaf sa’aatii 40 taassissee jira. DHT sa’aatii 40 olii sa’aatii tajaajila Amajii 2008 keessatti itti kanfalame 4.33n hirudhaan fi gara sa’aatii tuubii itti-dhihaatutti sissudhaan mutaa’e jira. Caamsaa 2016 keessatti, Kutaan Tajaajila Hawaasaa fi Fayyaa (KTHF) dhiheesitoota Amajii 2016 hojjataniif xalayaa odeffannoo HGT isaani qabate ergeefi jira. DHT dhaabbataa sa’aatii 65 ol ta’u hinjiru. Amajii 2016 irraa kaastee yoo dhiheessaa dhunfaa taatee, DHT kee sa’aatii 40 ta’a.

4. DHTn Dhaabbataan Kiyaa Doggoggoraan Mutrtaa’e Jedhee Yoo Yaahe Hoo?

DHTn dhaabbataan kee doggoggoraan murtaa’e jettee yoo yaadte, maanaajara dhimma maalima keetiif gaafii dhiheesudhaan Kutaan Tajaajila Hawaasaa fi Fayyaa Waashingtan akkaataa Dambii Bulmaataa 388-114-0050 tiin irra deebi’e DHT kee akka ilaalu gochu ni dandeessa.

5. DHT Dhaabbataan Kiyaa Jijjiramu Ni Danda’aa?

DHTn dhaabbataa kee sa’aatii 60.25 fi 65 gidduutti kan argamu yoo ta’e fi jijjiramni seeraa yoo hin jiraanne, Adooleessa 1,2017 irraa kaasee gara sa’aatii 60tti ni hir’ata. Kanaan ala, DHT dhaabbataan kee dhiheessaa dhunfaa ta’uuf ulaagaa barbaachisu hanga qabaattee turtetti hin jijjiramu. DHT dhaabbataa kee tajaajila addaan kuttee yoo fulduratti itti-deebittes hin jijjiramu.

6. Tajaajila Maaltu Sa’aatii Tajaajila DHT Kiyaa Kessatti Hammatama?

- Wal’aansa Dhunfaa
- Wal’aansa dhukkubaa
- Leenjii Dandeettii
- Wal’aansa Rakkoo Irraa Dandamachu

7. DHT Kiyaa Yeroo Deemsaa, Leenjii KTHF tiin barbaachise ykn Boqonnaa Kanfaltii Wajjiin Kenname Irratti Ni Hojjataa?

Lakki. Yeroon Deemsaa, Leenjii KTHF tiin barbaachise ykn Boqonnaan DHT kee jalatti hin hammataman. Torbaan leenjii KTHF tiin barbaachise, deemsa raga’e/mirkanaa’e ykn Boqonnaa Kanfaltii Wajjiin Kenname hirmaatte kessatti, maamila keetiif hojilee si irraa eggaman hanga DHT keettitti hojjachuun si irraa eeggama.

KANFALTII HOJII YEROO DABALATAA

8. Kanfaltiin Hojii Yeroo dabalataa naaf Kanfalame akkamitti Shallagame?

Hojii dhaabbataa torbee hojii kessattii hanga sa'aatii 40 hojjattuuf kanfaltiin dhaabbataa siif kanfalama. Yeroo hojii sa'aatii 40 ol hojjatteef hunda, kanfaltii dhaabbataa kee 1.5 baay'ifamee siif kanfalama.

Sirni dhihessaa dhunfattif kanfaltii tokkoo (IPOne payment system) sa'aatii horbee Hojii tokkoo kessatti hojjattiif hundaaf kanfaltii guutuu kanfaltii dhaabbataa keetiin shallagee siif kanfala. Kanfaltii hojii yeroo dabalataa akka dabalataatti shallaggii ½ tiin sa'aatii dabalataa hojjatameef ni mul'isa.

Fakkenya:

Torbee hojii tokkoo irratti sa'aatii 45f hojjatte, kanfaltiin dhaabbataa \$12/sa'aatidhaan Kanfaltiin Kee:

Sa'aatii 45 x \$12 sa'aatiin (Shallaggii Guutuu) = \$540

+ Sa'aatii 5 Hojii Yeroo dabalataa x \$6 (Shallaqqii Wallakkaa) = \$30

Ida'ama \$540 + \$30 = \$570

Kanfaltiin hojii yeroo dabalataa ibsa gudunfaa kanfaltii jalatii kan mul'atu fi kutaa galii (earning Section) jalatii facaatiin ni taa'a. Fakkeenyi kun, kutaa galii jalatti wal'ansa dhunfaa sa'aatii 45 fi hojii yeroo dabalataan sa'aatii 5 ni mu'isa.

9. Yeroo Deemsaa, Leenjii KTHF tiin barbaachise ykn Boqonnaa Kanfaltii Wajjiin Kennameef Hojiin Yeroo Dabalataa Naaf Kaffalamaa?

Torbee hojii kessatti yoo sa'aatii 40 ol yoo hojjatte, kanfaltiin hojii yeroo dabalataa Yeroo Deemsaa, Leenjii KTHF tiin barbaachise ni kaffalama. Boqonnaan Kanfaltii Wajjiin Kenname akka yeroo hojittii waan hin fudhatamneef, kaffaltiin hojii yeroo dabalataa hin raawwatamu.

ODEEFFANNOO DHIHEESSITOOTA DHUNFAA DHT DHAABBATAA SA'AATII 40 QABANIIF

10. Hojii torbee keessatti sa'aatii 40 ol hojjachuu ni danda'aa?

Yeroodhaaf eeyyama hojii dabalataaf maalilaan mirkanaa'e KTHF irraa argatte malee torbaanitti sa'aatii 40 ol hojjachuu hindanda'u.

11. Yoo Maamila tokkoo oliif hojjadhe, DHT dhaabbataa kiyyaa ol hojjachuu ni danda'aa?

Baay'inna maamiltoota qabdu irratti osoo hinhundaa'in, sa'aatii tajaajila maamilli hundiaa DHT dhaabbataa kee kessatti keessummeessuun dirqama keeti. Maamila tokkoo oliif kan hojjattu yoo ta'e, sagantaa hojii maalila tokkoon tokkootiif baasudhaan eda'amni sa'aatii tajaajilaa waligalaa sagantaa'e DHT dhaabbataa kee caaluu hinqabu.

12. Maamilli Kiyya DHT dhaabbataa ani qabuu ol Saganteessuudhaan Akka Hjjadhu Yoo Barbaade Maal Naaf Woyya?

- DHT Dhaabbataa kee ol hojjachuudhaaf akka siif hin eeyyammane lbsi fi daangaa ol hojjachuun kanfaltii daangaa eeyyamameen ol gaaffachuutti fudhatama. Odeeffannoo dabalataa kanfaltii dangaa oliitiif lakk. 19 ilaali.
- Dhiheesitoota dabalataa akka fayyadamu maamila kee jajjabeesi.
- Maamilli kee daangaa kee hubbachuu yoo rakkate ykn dhiheesitoota dabalataa argachuu yoo hindandeenye, manajara dhimmaa akka qunamu jajjabessi.
- Fedhii hattamaa fi tasaa irratti odeeffanno dabalataa argachuuf fuula sadeetti irrattinLaak. 18 daawwadhu.

ODEEFFANNOO DHIHEESSITOOTA DHUNFAA DHT DHAABBATAA SA'AATII 40.25 OI QABANIIF

13. Hojii torbee keessatti sa'aatii 40 ol hojjachuu ni danda'aa?

DHT dhaabbataa kee sa'atii 40 ol ta'uu isaa KTHF irraa barreeffamaan yoo argatte ykn maamila yeroo gabaabaaf turu (temporary client) yoo qabaattee fi daballi DHT yoo mirkanaa'e, hanga se'aatii siif dabalamee mirkanaa'etti hojjachuu ni dandeessa.

14. Maamila tokkoo oliif yoo hojjadhe maal gochuu qaba?

Deebii Gaafii Lakk. 11 kenname ilaali.

15. Maamilli Kiyya Sa'aatii koo DHT dhaabbataa kiyyaa ol ta'uuf torbaan tokkotti sirreessuuf ykn saganteessuuf Yoo barbaade Hoo?

Dhimmotni armaan gadiittii tarra'an hundinuu dhugaa yoo a'an qofa sagantaa kee foyyeessuu ni dandeessa:

- Maamilichi fedhii ni qaba; fi
- Sa'aatiin dabalataa sirreeffamaan dhufe baay'inna sa'aatii maamilichaaf ji'aaf qoratamee adda bahee irraa kan hin calle yoo ta'ee; fi
- Torbee tokkotti tajaajila dabalataa kennuun torbeewwan ji'a itti-aanan kessatti maamilichi tajaajila wal'aansaa barbaachisaa ta'an akka hin argannee kan hinguone ta'uu isaa; fi
- Torbaan tokkoo kessatti hojii yeroo dabalataaf hojjachuun kee Hojii yeroo dabalataa torbaan torbaaniin DHT dhaabbataa kee hojjachuun ji'a kessatti dhufuu danda'uu ol akka ta'uu sababa yoo hintaane.

DHT kee 40 ol yoo hintaane fi hojii yeroo dabalataa yeroo biraa hojjattuu irraa ol akka ta'u kan hin gonee yoo ta'e, sa'aatii hojii kee akka barbaaddetti sagantessuu ni dandeessa. Baay'nnii hojii yeroo dabalataa ji'aa DHT irraa 40 hir'issuudhaan haftee isaa baay'inna guyyota sanbataxiqaa ji'a san kessattii jiraniin baay'isuudhaan ni shallagama.

Fakkeenya:

DHT Joosii sa'aatii 46 dha. Baay'inni sa'aatii hojii yeroo daabalataa Joseen ji'a kessatti hojjatu baay'ina guyyota sanbata-xiqaa ji'icha san kessa jiran irratti ni hunda'a.

Shallaggi Hojii Sanbata Xiqaan 5 ji'a kessatti yoo jiraaan: $46 - 40 = 6 \times 5 = 30$

Shallaggi Hojii Sanbata Xiqaan 4 ji'a kessatti yoo jiraaan: $46 - 40 = 6 \times 4 = 24$

Maamillii Josii sagantaa hojii sirreessuu/jijjiruun ji'a kessatti sa'aatii 30 (ji'a Sanbata xiqaa 5 qabuuf) kan hincaalleef ykn sa'aatii 24 (ji'a Sanbata xiqaa 4 qabuuf)hincaalleef hojjiisuu ni danda'a.

Kanamalees, maamillii kee baajata "New Freedom or Veteran Directed Homecare Services" qabaniin tajaajila hojii yeroo dabalataa yoo bitan sa'aatii hojii kee DHT keetiin oliif saganteessu ni dandeessa.

16. Maamilli Kiyya DHT dhaabbataa ani qabuu ol Saganteessuudhaan Akka Hjjadhu Yoo Barbaade Maal Naaf Woyya?

Deebii Gaafii Lakk. 12 kenname ilaali.

DAANGAA HOJII TORBEE MAAMILA YEROO GABAABAA (TEMPORARY CLIENT) IRRATTI XIYEEFFATE

17. Daangaa hojii torbee maamila yeroo gabaabaa (temporary client) irratti xiyyeeffate Maal?

Maamillii kee Dhiheessaa dhuunfaa dabalataa fedhii isaa/ishee gutuu barbaadaa yeroo jirutti, DHT kee yeroodhaaf akka dabalamu KTHF gaaffachuu ni danda'a. KTHF gaafii maamillii kee dhiheesseef deebii xalayaadhaan gaaficha fudhachuu ykn fudhachuu dhisuu isaa caqasuun si beeksissa. Yoo fudhatama argate, xalayichi guyyaa jalqabaa fi dhumaa akkasuma baay'iina sa'aatii tajaajilichaaf mrkanaa'e ni ibsa. Maamillii kees garagalcha xalayichaa ni kennamaaf. Gaafiin/beeksisni barreeffamaa kun Daangaa hojii torbee maamila yeroo gabaabaa (temporary client) irratti xiyyeeffate ni jedhama. KTHF gaafii DHT yeroo gabaabaa baay'inna sa'aatii wal'aansaa ji'aaf qoratame adda baheen ol ta'e hin mirkaneessuu.

FEDHII TASAA (EMERGENT NEEDS)

18. DHT kiyya gutummaan gutuutti hojjadhee fixadheen booda maamilli kiyya fedhii tasaa fi hatattamaa yoo qabaatee fi Fayyaa ykn nagummaa isaa mirkaneessuuf tajaajila kennuud kan dhirqamu yoo ta'e maal gochuu qaba?

- Hanga hallii jiru tagabaa'utti maamila kee wajjiin turi.
- Tajaajilli tasaa/hatattamaa tajaajila fayyaa barbaaduu yoo siqunname 9-1-1 irratti bilbili tajaajilicha gaafadhu,
- Hojii guyyaa kee akkuma dhimmiichi tasgabaa'een xummuri,
- Guyyaa hojii itti-annutti manajara dhimmichaa qunnamitii haala jiru ibsiif.

KANFALTII EYYAMAMEEN OL TA'E GAAFACHUU (EXCESS CLAIMING)

19. Kanfaltii eeyyamameen ol ta'e gaafachuun maalii?

Kanfaltii eeyyamameen ol ta'e gaafachuun haalawwan armaan gidii yoo ummamman ni unnaama:

- Baay'na sa'aatii ji'a keessatti akka tajaajiltu siif Eyyamamee/mirkanaa'een oliif yoo hojjattee; ykn
- Osoo KTHF tiin hin mirkanaa'in DHT keetii ol yoo hojjatte, ykn
- Yeroo deemsaa torbee hojii keessatti siif eeyyamamee ol yoo gaafatte.

20. Tarkaanfiin Kontiraataa Maalii?

Tarkaanfiin kontiraataa ergaa/beeksisa KTHF irraa siif ergamedha. Ergaan/Beeksisni kun hojii yeroo dabalataa ykn yeroo deemsaa sa'aatii siif eeyyamameen ol fayyadamuu kee kan siif ibsudha.

21. Yoo DHT kiyyaa ol ykn Daangaa Yeroo deemsaaf Eyyamameen ol yoo Hojjadhe maal ta'a?

- Kanfaltii eeyyamameen ol ta'e yeroo gaafattu hundattii, tarkaanfiin kontiraataa ergaa/beeksisa hojii yeroo dabalataa hin mirkanoofne akka hinhajanne yaaddachisu KTHF irraa sii qaqaaba. Dabalataan ergaan ykn beeksisni kun maamila/maamiltoota tajaajila kennituuf ykn bakka-bu'aa saantiif ni ergama.
- Gaafii Kanfaltii eeyyamameen ol ta'e yeroo sadafaatiif yoo gaafatte, waligalteen hojii kee addaan akka citu ykn guyyottan 90 kanfaltii malee akka hojjattu ni taassifama. Waligalteen kee yoo addaan cite, deebite waligaltee haaraa mallatteessuuf guyyottan 90 eeguun si irraa eegama.
- Haara-malee ykn irra'deddebi'insaan daangaa DHT ykn yeroo deemsa siif taa'e yoo dabrite, KTHF waligaltee hojii kee gaafii malee addaan kutuu fi deebitees akka waligaltee hojii hin uumne gochuu ni danda'a.

22. Tarkaanfiin Kontiraataa Hamma yoomitti Faayila Kiyya kessatti tura?

Tarkaanfiin kontiraataa tokkoon tokkoon isaa guyyaa tarkaanfichii fudhatame irraa kaasee ji'oottan 12 banaa ta'ee ni tura. Ji'oota 12 booda, tarkaanfichi koontiraataa ni cufama.

23. Tarkaanfii Kontiraataa Akkamitti Dhabamsiisuu Danda'a?

- Sagantaa hojii kee dursitee karoorfahuun barreeffamaan kaa'i.
- Fedhiin maamila kee yoo jijjiramee fi sagantaa biraa DHT kee irratti dhibba qabaachuu danda'u akka hojjattu yoo si dirqisisee, hattattamaan maanaajara maamilichaa argachuun dubbisuun si irraa eeggama.
- Guyyaa guyyaatti yeroo hojii irra turte galmees yeroo (timesheet) irratti galmeessuun, waraqa kaaleendara qabuurratti galmeessuufis si gargaara. Yeroo yeroottii DHT kee kessa jiraachuu kee miraneessii.
- KYHFn DHT kessatti akkamitti sochoo'u akka dandeessu wajjiin walqabate qabeenya si fi hojjachiisaa/maamila kee gargaaruu danda'an ni qaba. Qabeenyoni kun www.dshs.wa.gov/altsa/IPOT irratti ni argamu.